Midiyaaf: Lallaba Galataa, Ulfinna Bara Jireennaa fi Utubaa Faana Ahmed Gishe, Maatii Irraa Kennamme.

Hiriyoota Ahmad Gishee, Jaalaa-Jaalalloo, darabootaa fi Hawaasa bal'aa Oromootiif, Dura dursoo, Ahmad lubbuu dhabuu isaatiin gadda onnee name cabsu yeroo keessa jiru kanatti, nu bira dhaabattanii, nu jajjabeessuu fi miidhama keenna nu waliin hirachuu keessaniif, ULFAADHAA, WAYYAMAA. Gargaarsinii fi ergaan gara-nyaattoo, tumsinii fi dhaamsi keessan madda obsaa nuu ta'ee jira; kanaafillee GALATA GUDDAA NU BIRAA QABDANI.

Yeroo Ahmad gargaarsa barbaadetti, firaa fi hiriyyoon uduu hin hifatin isa bira dhaabattan marti GALATOOMAA. Haga inni darbellee, fageenna dheeraa irraa imaluun geegessaa isaa tolchitan. Ahmad ka saba baldhaa Oromoo ta'uu isaa Maatii fi aanaa maratti argisiiftan. Gadda ulfaata kana akka obsinuuf humna jabaa nuu taatan. Ulfinni keessan dacha, dachaadha!

Salaataa fi kadhannaa keessatti akka isa yaadattan, dhiifamaa fi araarama akka kadhattaniif kabajaan isin gaafanna.

Yeroon Ahmad lafa tana irra jiraatee baay'ee gabaabduudha. Garuu inni haalaa fi akkaataa jiruu dabarse irraa gaabbii hinqabu. Gara fuula akeraa deemuun duratti warra bira turaniif dhaamsi inni dabarsellee kanuma. Jireenna isaa akka fedhii isaatti jiraateera. Waan tokkollee jijjiiruu akka hin barbaanne, waan jiruu isa kessatti godhuu fi arguu fedhu hedduu isaa akka godhee fi arge dubbate. Hireen du'aa yoo isa geette, akka qophaa'aa ture nuuf mirkaneesseera. Kun haga tokko tasgabbii sammuu nuuf kennee jira. Laalaa onnee kichuu cituu isaatiin nurra gaye nuu qabanneessee jira. Madaa garaa nu keessatti uumame nuu qoorsee jira.

Jiruu gabaabduu isaa tana kessatti Ahmad milkii heddu arge, jaalalloo baay'ee horate. Ummata Oromoo baldhaan wal-baratee, waan haga humna isaa gumaachee lufe. Duuti isaa hagam taka jaalatamaa fi kabajamaa akka ta'e adda nuu baase. Yaadannoo fi seenaa jireenna isaa ilaalchisee kan himamaa jiru, akkasumas ergaawwan kabajaa isaatiif dhiyaataa jiran, nama jabaa akka ture qofa osoo hin taane, ilma saba Oromoo maraa ta'uu isaa nuu adeesse.

Jireenni isaa namoota hedduuf hiikkaa guddaa akka qabu beekuun jajjabina guddaa nuuf kenne. Jireenna isaa waliin taanee kabajuuf, ashaaraa inni nuuf dhiisee darbeef ulfina kennuu fi faana isaa dhoofnee hujii inni jala qabee darbe fiixaan baasuuf murannoo horannee jirra.

Gara biraatiin, akkuma warri marartoo qaban laalatan, warroota tana keessa qaawwa masoo banatan baay'ee argaa jirra. Oduu dharaa, hamaa fi hasaassaa daangaa hinqabnetu marsaa hawaasummaa irratti tamsa'aa jira. Wanti gariin, maatii, firaa fi jaalalloo miira tuqaa jira. Kabajaa maatii fi isaafillee dhabuu wantoonni argarsiisan tokko tokko deeddeemaa jiran. Kun ammoo maatii obsa dhooggaa jira. Odeeffannoo ragaa hin qabne, oduu sobaa ykn tilmaama adda addaa, keessattuu miidiyaa hawaasaa irratti, akka hin tamsaafne cimsinee kabajaan isin gaafanna. Yeroo ammaa kanatti wanti Ahmadii fi nullee nu gargaaru, isaaf araarama kadhatuu; ka jiruuf ammoo jajjabinna kennuu callaadha. Isaa fi maatii isaatiillee, yaadaa, kabaja namoomaa kennaa. Ardha irraa kaasaatii, waan qabatama hinqabne, facaasuu, maxxansuu fi himuu irraa uf qusadhaa – walillee ittisaa!

Hiree tanaan, namooni jechootafi gochaan keessani miidhaa akka geessaa ture hubatanii, garamaan dhiifama gaafattan, kabajaa guddaa isinii qabna. Waa'ee jireenna namoota biroo hennaa dubbannu, tolaa fi miidhaa inni qabu madaaluun itti gaafatama guddaa akka ta'e wal yaadachiisuu barbaanna. Akkaataan itti waliin jiraanuu fi hariiroo umannu, kan mararfannoo, kabajaa, fi of-eeggannoo qabu ta'uun dirqama. Jechoonnii fi gochi keenna maal fiduu akka danda'an sirriitti hubatuu qabna.
Jechi- madaa salphaatti hin fayyine uuma; gochi ammoo miidhaa boodarra deebisanii qajeelchuun nama dhibu fida. Muxannoon gaddisiisaan tokko, namoonni biraa akka waa irraa baratan, miira namootaa akka hubatan, gara-laafinaa fi namummaa akka ufi keesati bulchan godhuu qaba. Haalli Ahmad itti darbe humna jabaa kana godhuu qaba jennee amanna. Maatiin biraa kamiyyuu miidhamaa fi gadda guddaa nuti amma keessa jirru akka hin mudanneef gargaara.
Namoonni hedduun, biyya keessaa fi alaa, gadda callaa uduu hintaane; jireenna Ahmad, waliin kabajuu fi gumaata isaa yaadachuuf, qophii godhuu qabna jettanii yaada nuun geettanii jirtan. Kanaaf wayyamaa! Yaadni keessan, guddisee nu jajjabeessaa jira. Carraaqiiwwan keessan kanaaf galata guddaa isinif qabna.
Nutis dhaala (ashaaraa) inni nuuf dhiisee darbe kana akka eeggamuuf waliin hojjechuu waan barbaanuuf, deeggarsa fi yaada, akkasumas hirmaannaa keessan garaa gutuun feena. Waliin taanee, jireenna inni jiraate, duudhaalee inni itti amanee dhaabateef, dhaalootaaf dabarsuun waan aaga jennee amanna. Jijjiirama gaarii inni jireenya namoota hedduu keessatti fideef, faana isaa dhoofnee, karaa hiikkaa guddaa qabuun kabaja itti horuu akka dandeennu abdii guddaa qabna. Hujiin isaa bu'uura; wixinee isaa tana ammoo wal harkaa fuudhe, dhaaloonni bara tokko irraa kaanitti ceesisuu qaba. Kanaafuu, Ahamdiif yeroo dhiyoo keessatti sagantaa yaadannoo godhuun haqa inni nu biraa qabu.
Sirna yaadannoo isaa kana qindeessuuf tuuta yeroo gabaabaa hundeessu irratti argamna. Odeeffannoo dabalataa saffisaan isin biraan geenna.
Tanuma keessa - matiin deeggarsa maallaqaa yookaan gargaarsa bifa biraa kamiyyuu akka walitti qabamu hayyama akka hin kennin hubachiisuu barbaanna. Odeeffannoo dabalataa hanga isinitti himamutti, murtii fi ejjennoo maatiin qabate kana akka hubattan kabajaa guddaan isin gaafanna.
Gaarummaa, gara-laafina, kadhannaa fi deeggarsa nuuf gootaniif irra deebi'uun galata guddaa maqaa Ahmadiitiin isiiniif galchuu barbaanna. Deeggarsi keessan maatii keennaaf jechootaan ibsuu caalaa hiika guddaa qaba.
Mara keessanuu ammallee irra deebinee galatoomaa isiniin jenna.
Maatii Ahmad Gishee,
Onkololeessa 31, Bara 2026.